Oromo | Afaan Oromoo

Adoolessa/Hagayya 2026

homes victoria

BIG HOUSING BUILD

# Noorz Riichmand

Odeeffannoo haaraa Hawaasaaf



## Sadarkaa itti aanu kan deebisanii misoomsuu Noorz Riichmand irratti yaada keessan kennadhaa

Yaadni keessan adeemsa dizaayinii fi karoora egeree naannoo sanaa bocuuf ni gargaara.

Qorannoon kun **engage.vic.gov.au/north-richmond-housing-precinct** irratti xumuruu ykn koodii QR scan gochuu dandeessu.

**Qorannoon Dilbata Hagayya 16 sa'aatii 11:59 waaree booda cufama.**

Yookiin sagantaalee keenya keessaa tokkorratti argamuun koottaa hojjetoota keenya waliin haasawaa.

**Wal-argee (drop-in) hawaasaa:**
Ze Lerniing Baank 124 Viktooriyaa St, Riichmand
**Sambata Hagayya 1 sa'aatii 11 ganamaa hanga sa'aa 1 waaree, Kamisa Hagayya 6 sa'aatii 5 hanga 7 galgalaa**

**Dhufaatii hawaasaa**
Daldaltoota Riichmand
**Kibxata Adoolessa 28 sa'aatii 11 ganamaa hanga 5:30 galgalaa**

Jiraattonni naannichaa odeessa fi afeerraa koottaa nu dubbisaa jiru ni argatu.

Hooms Viktooriyaan namoota Aboorijiinaal fi Torres Strait Islander akka Eegdota Aadaa lafichaatti beekamtii kan kennu yoo ta'u, Maanguddoota isaanii, kan durii fi kan ammaa, beekamtii fi kabaja kenna.



## BBQ jiraattota gargaaruuf

**Roobii Hagayya 26, sa'aatii 10 ganamaa hanga 2 waaree boodaa**
Wiirtuu Hawaasaa Noorz Riichmand (Noorz Riichmand Kominiitii Hab)

- Toora interneetaa irratti suphaaf iyyachuurratti gargaarsa
- myGov waliin kan wal utube
- Biilota annisaa irratti gargaarsa
- Mana keessan nageenya eeguuf gorsoota
- Waa'ee Biig Haawusing Biiwld (Big Housing Build) caalaatti qoradhaa

## Hogganaa haala mijeessii keessan haaraa kan tahe Daaval wajjin wal baradhaa

Daaval gahee hogganummaa haaraa fudhateen jiraattotaaf jijjiirama dhugaa fiduuf quuqama guddaa qaba.

Gaheen kun hojii suphaa fi kontiraaktaroota bakka sanii gargaaruu kan dabalatu yoo ta'u, Daval guyyaa guyyaan naannoo sana keessa yoo socho'u ni argitu.

Nageenyaa fi mijaa'ina naannoo Riichmand fooyyessuu irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, pirojektoonni isaa ammaa bakka konkolaataa dhaabuu jiraattotaa guddisuu fi ibsaa ummataa fooyyessuu dabalata.

Daaval barbaachisummaa manneen haalaan qindaawanii fi bakkoota waloo mijeessuu ni hubata.



"Kaayyoon [koo] inni dhumaa naannoo jiraattonni nageenyi itti dhaga'amu, kabaja itti dhaga'amuu fi bakka jiraatanitti itti boonan uumuudha."
- Davaal

Akkasumas hawaasa waliin qunnamtii jabaa tolfachuuf nama of kenne.


Akkamitti gaaffii suphaa toora interneetii irratti galchuu akka dandeessan ilaaluuf, **housing.vic.gov.au/online-services** daawwadhaa, ykn **13 11 72** bilbilaa.

## Wal-quba qabeenya qabaachuu

- Sagantaalee odeeffannoo
- Dubdeebii Gorsaa
- Odeeffannoo haaraa argachuuf galmaa'aa

Hirmaannaa keessa turuuf daawwadhaa:

homes.vic.gov.au/richmond-precinct



qorqora hawaasotaa kan **Homes Victoria irratti nu hordofaa**

Mootummaa Viktooriyaa, 1 Treasury Place, Melbourne. © State of Victoria irraa kan hayyamamee fi maxxanfame, Hooms Viktooriyaa, Adoolesaa 2026. (HV020926). Finsbury Green, Melboorn Viktooriyaa, 3000 tiin kan maxxanfame.

More Homes For Victorians

VICTORIA State Government

# Riichmand keessa maaltu tahaa jira

## Adoolessa/Hagayya 2026

### 39 Haayit Striit

**Tajaajiloota gamoo jalaa ilaalladhaa**

- Hojiin qorannoo xixiqqaan Adoolessaa/Hagayya keessa ni jiraata
- Jeequmsi eegamu hin jiru

**Hojiiwan**

- Manneen namni keessaa bahanii fi gorroo isaa kara alaa irraa qorannoof hangi xiqqaan ni fuudhama
- Manneen namooti keessaa bahan balballi ittisaa (security doors) itti tolchamu

### Kireeffatoota gara manneen haarayaatti dabran qubachiisuu gargaaruu

**Ganama sa'aa 10 - galgala sa'aa 4**
**Wixata (Monday) hanga Jimaataa**

Noorz Riichmand
Wiirtuu Hawaasaa
110 Elizaabeet Striit

### Naannoo jireenyaa

**Guutummaa gandichaa keessa tiki nageenyaa ni jira**

- Wanneen itti gargaaraman gara garaa haaraan manneen gandichaa hunda keessa jiraatotaaf ni jira. *Odeeffannoo caaluuf waraqaa manneen jalatti maxxansamanii jiran ilaali*

**Bakka xabiisa kubbaa utubaa (basketball) guddisuu**

- Hojiin fooyya'iinsaa xumuramuutti jira, sababa Hagayya/Adoolessa deebi'ee banamuuf




### 106, 108, 110 fi 112 Elizaabeet Striit

**Fuulduratti irra deebiin misoomsuu**

**Qilleensa toyattuu dhaabuun itti fufa**

**Bakka bishkileettoo itti fannisan**

- Manneen hunda jala isaatti bakki bishkileettoon itti fannisaman haaraan ni tolchamu. Akkamiin akka argattu irratti odeeffannoo caalu argachuuf eeggachuu itti fufi.

**Hojiiwwan karaa miilaa tolchuu**

- Hojiin karaa qaxxaamuraa tolchuudhaa Adoolessa gama boodaa keessa 112 Elizaabeet Striit irratti eegala.
- Hojiileen daandii jiran bal'isuu fi suphuun akka salphaatti achi geessan taasisuu kan dabalatu ta'a.

### Church Striit, Elizaabeet Striit, Anderson fi Wiliyaams Koort kan miilaan irra ol bahamu

**Hojiiwan**

Manneen miillaan yaabaman duwwaa ta'an diiguudhaan sadarkaa itti aanu irra deebiin misoomsuu jalqabuuf yeroo qophoofnu sochiin dabaluu ni hubattu.

- Naannoo hojii daangessuuf dallaan ni ijaarama
- Lafti Mana Poostaa cufaa dha. Karaan Viktooriyaa Stiriititti baasu qixa Lenoks fi Charch Striit qofaan taha
- Hojjetooti kan dhimma itti bahan bakkichatti ni tolchama
- Konkolaataalee ijaarsaa akkasumas dhukkee, huursa sagalee fi kirkira faa hubachuu maltu.
- Yeroo akkasii karaan miilaa Elizabeet Striit irraa deemamu kallattiin jijjiiramuu waan maluuf kara mallattoon kaayyame miilaan irra cehamu hordofi
- Bakki dhaabbii konkolaataa daangaa hojii kanaa keessa jiran Andersanii fi Wiliyaams Koorts ni cufama







### 5 Lewis Koort fi 161 Elizaabeet Striit

Manneen gamtoomaa (social homes) fi bakka hawaasaa haaraya 144

**Bara 2025 xumuramee - jiraatoti amma itti godaananii jiru**

N

## Yeroo ijaarsi taasisamaa jiru keessa naannoo kee keessa nagaan jiraachuu

Nageenyaaf eeggannoo gochuuf jecha, waca sagalee, owwaara fi waan urgufamu ni to'anna.

**Naannoo keessa deddeemuu**

- Osoo hojiin hin eegalin dalasaan (fence) ni tolchama
- Nageenyaan naannicha keessa deddeemuuf jijjiirama karaa miilaa yokin karaa irratti tahe hordofi
- Warreen konkolaataa to'atan yeroo isaan achi jiran si gargaaru waan taheef qajeelfama isaan sitti himan hordofi

**Waanneen dhimma itti baatu eeggannoodhaan qabuu**

- Wannee faalma qaban (hazardous materials) yeroo qulqulleessan yeroo hunda eeggannoo cimaatu taasisama
- Naannoo faalami (hazardous) jiru irraa si dhorkuuf yero hunda mallattoon naannicha ni kaayyama
- Namooti hojjetan uffatan ittisaa (protective clothing) uffatan arguu malta

**Karaa irra dabran tolchuu**

- Karaan tajaajil yeroo balaa (emergency services) yeroo hunda qophaawaa dha
- Karaan gara dhabbii makiinaa geessu fi iddoo dhaaban mijeessuun itti fufee hojjetama

Hojiin keenya sa'aatii hojii Manni Maree itti hojjetuun qajeelfama:

| Wixataa hanga Jimaataatti | Sanbat-duraa (Saturday) |
|---|---|
| Waaree dura sa'aatii 7 hanga Waaree booda sa'aatii 6 gidduutti | ganama sa'aa 9 hanga waaree booda sa'aa 3 |

Yeroo tokko tokko sa'aa ibsameen ala hojjechuuf hayyama gumii naannoo (council) barbaaduu mala, garuu yoo akkas tahe hawaasa ni beeksisna.

Hojiin hojjetamu hundi sadarkaa nageenya qabeessa ol aana tahe kan qabuu fi waan seerri gaafatu kan guutu taha.

Jiraatoti odeeffannoo dabalaa barbaadan waajjira manneenii naannoo isaanii qunnamuuf:

1300 598 521

richmond.housing@dffh.vic.gov.au

Afaan keessan dabalatee odeeffannoo dabalataaf marsaa itti aanu daaw'adhu: **homes.vic.gov.au/information-in-your-language**

Iyyata waliigalaaf imeel kanaa gadiitiin nu qunnami: **enquiries@homes.vic.gov.au**